

Dambii Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.176/2005 Raawwachiisuuf Bahe

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.213/2011 Keewwata 71(2) fi Labsii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.176/2005 Keewwata 20 tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun “**Dambii Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 219/2013**” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “**Adeemsa Marii Hawaasaa**” jechuun adeemsa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo gaggeessuu keessatti sadarkaalee keessa darbaman hunda keessatti qaama hawaasaa hirmaachuu qabu adda baasuu, mariisisuu fi yaada yookiin murtii ummataa qorannoo dhiyaatu keessatti dabaluu jechuudha.
- 2) “**Abbaa Taayitaa**” jechuun Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa Oromiyaa jechuudha.
- 3) “**Dhiibbaa Eeyyattii**” jechuun bu’aa gaarii yookiin faayidaa diinagdee yookiin hawaasummaa yookiin Naannoo sababa hojiirra oolmaa pirojeektiin argamuu danda’u kamiyyuu jechuudha.
- 4) “**Dhiibbaa Waawwattii**” jechuun dhiibbaa badii yookiin miidhaa diinagdee yookiin hawaasummaa yookiin Naannoo sababa hojiirra oolmaa pirojeektiin gahuu danda’u kamiyyuu jechuudha.
- 5) “**Faaltota**” jechuun wantoota dhangala’aa, jajjaboo, gaazii yookiin sagalee ta’anii kallattiinis ta’ee al-kallattiin sadarkaa qulqullina Naannoo jijjiiruun tajaajila Naannicha irraa argamuu danda’u kan miidhu, fayyaa namaa, lubbu qabeeyyii biroo fi Naannoo irratti miidhaa geessisuu kan danda’an kan akka summii, dhibee, foolii, ajaa, aara, qaayyota, raadiyoo aktiivii, sagalee, hoo’iinsa hamaa yookiin miidhaa biraa uumuu kan danda’an kamiyyuu jechuudha.

- 6) **“Labsii”** jechuun Labsii Sakatta’iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.176/2005 jechuudha.
- 7) **“Naannoo”** jechuun waliigala haala sochii ilma namaa fi lubbu qabeeyyii biroo, akkasumas lafa, qilleensa, bishaan, sagalee, foolii, dhandhama, dhimmoota hawaasummaa, miidhagina uumamaa yookiin uumamaan osoo hin daangeffamin namaan fooyya’ee yookiin jijjiiramee kan jiru hundaa fi iddoo wantootni lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyiin hundi keessa jiraatanii fi walitti hidhamiinsa jidduu isaanii jiraatu kan agarsiisu ta’ee, walumaagalatti sochii fi walitti dhufeenya waan hundaa kan ibsu jechuudha.
- 8) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
- 9) **“Pirojeektii Dhiibban Isaa Daran Hamaa Ta’e”** jechuun dhiibbaa baay’ee guddaa yookiin daran hammaataa ta’ee, sababa summii keemikaalaa yookiin gataa dhangala’aa yookiin gataa goggogaa yookiin aara hamaa yookiin foolii hamaa yookiin sagalee hamaa pirojeekticha keessaa bahuu danda’uun miidhaan daran ol’aanaa yookiin daran hamaa ta’e jireenya hawaas-diinagdee fi iddoo hambaalee ummataa yookiin qabeenya uumamaa irratti fidu jechuudha.
- 10) **“Pirojeektii Dhiibban Isaa Daran Xiqqaa Ta’e”** jechuun dhiibbaa baay’ee xiqqaa ta’ee, sababa hojiirra oolmaa pirojeektichaan dhiibbaan Naannoo yookiin fayyaa namaa irra gahuu danda’u sadarkaa hin jiru jechuu danda’amuun yookiin sadarkaa daran xiqqaa ta’een kan ibsamu kamiyyuu jechuudha.
- 11) **“Qooda Fudhattoota”** jechuun qaama mootummaa yookiin miti mootummaa yookiin abbootii qabeenyaa hojiin eegumsa Naannoo isaan ilaallatu kamiyyuu jechuudha.
- 12) **“Qorannoo Duraa”** jechuun sadarkaa qorannoo sakatta’iinsa dhiibbaa Naannoo yoo ta’u, pirojeektootaa fi iddoowwan pirojeektonni itti hojjatamuuf karoorfaman ilaalchisee dhiibbaa gahuu danda’u dursanii beekuudhaaf, dhimmoota qorannoon irratti xiyyeeffatu adda baasuu, ragaalee bu’uuraa sassaabuu fi qooda fudhattoota dhimmi ilaallatu adda baasuuf qorannoo jalqabaa adeemsifamu jechuudha.
- 13) **“Qorannoo Gadi Fageenyaa”** jechuun sadarkaa qorannoo sakatta’iinsa dhiibbaa Naannoo ta’ee dhiibbaa daran olaanaa yookiin daran hamaa sababa pirojeektoota karoorfamaniin Naannoo yookiin fayyaa namaa irra gahuu danda’u murteessuuf qorannoo sakatta’iinsa dhiibbaa Naannoo bal’aa ta’ee fi yeroo dheeraa fudhatu gaggeeffamu jechuudha.

14) “**Sirna Xinqeeyyaa**” jechuun walitti hidhamiinsaa fi waliin jireenya cimaa wantoota lubbu qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyii ta’an jidduutti uumamuu fi jireenya waliin uuman jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun pirojeektotaa fi sagantaalee misoomaa kamiyyuu Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Haala Qorannoo Sakatta’iinsa Dhiibbaa Naannoo Pirojeektotaa

5. Kaayyoo

Sakatta’iinsi dhiibbaa Naannoo kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Rakkoowwan qulqullinaa fi faalama Naannoo salphisuu;
- 2) Dhimma eegumsa Naannoo hojiiwwan misoomaa, imaammataa fi sagantaawwan adda addaa keessaatti hammachiisuun guddina itti fufiinsa qabu fiduu;
- 3) Sababa pirojeektota misoomaa gaggeeffamaniin miidhaan Naannoo irra gahu akka hafu, xiqqaatu yookiin salphatu gochuu;
- 4) Guddina amansiisaa fi itti fufiinsa qabu fiduu; fi
- 5) Sirni bulchiinsa qabeenya uumamaa iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabu akka jiraatuu fi ummanni misoomaaf jecha dhimmoota Naannoo isaanii miidhuu danda’an ilaalchisee murtii kennamu keessatti akka hirmaatan gochuudha.

6. Qajeeltoowwan Bu’uuraa

Sakatta’iinsi dhiibbaa Naannoo qajeeltoowwan bu’uuraa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Odeeffannoo eegumsa Naannoof taasifamuu fi ilaalcha jireenya hawaasa naannoo pirojeektichi itti gaggeeffamuuf kenname qaama murtii kennuuf ibsuu;
- 2) Rakkoolee qoratamaniif furmaata sirrii kennuuf maloota saayinsaawaa fi hojmaatni isaanii fudhatamaa ta’etti gargaaramuu;
- 3) Odeeffannoo fi bu’aawwan rakkoo furuu danda’an, fudhatamummaa qabanii fi abbaa pirojeektiin raawwatamuu danda’an hammachuu;
- 4) Odeeffannoo jirutti gargaaramuun yeroo fi qabeenya jiru qusannoon fayyadamuun raawwatamuu;
- 5) Abbaa pirojeektii fi hirmaattota irratti miidhaa ol’aanaa gama faayinaansii fi yerootiin osoo hin geessisin ulaagawwan guutuu fi kaayyoo isaa galmaan gahuu;
- 6) Miidhaa Naannoo irratti dhufuu danda’u giddugaleessa godhachuu;

- 7) Namoota sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo keessatti hirmaachuuf fedhii qabanii fi addatti qaamota pirojeektichaan miidhamuu danda'an hirmaachisuu;
- 8) Ogeessota dhimma hawaas-diinagdee fi Naannoo irratti beekumsaa fi gahumsa qaban hirmaachisuun gaggeeffamuu;
- 9) Qulqullina, bu'uura seeraa, al-loogummaa fi bifa madaalawaa ta'een gaggeeffamuun qaama bilisa ta'een mirkanaa'uu fi madaalamuu;
- 10) Walitti dhufeenya hawaas-diinagdee fi Naannoo bifa ibsuun gaggeeffamuu;
- 11) Haala ifaa fi salphaa ta'een rakkoo jiru adda baasee ummataaf ifa taasisuu; fi
- 12) Odeeffannoowwan miidhamuu Naannoo ibsan argaman, filannoowwan dhiyaatanii fi dhiibbaa isaan qaban, tarkaanfiiwwan hordoffiif barbaachisanii fi miidhawwan qoratamanii hafan haala ifa ta'een agarsiisuu qaba.

7. Pirojeektii Sakatta'iinsi Dhiibbaa Naannoo Irratti Gaggeeffamuu Qabu

Pirojeektii amala armaan gadii of keessaa qabu irratti sakatta'iinsi dhiibbaa Naannoo gaggeeffamuu qaba:

- 1) Pirojeektii daangaa xinqeeyyaa ofeeggannoo cimaa eegumsa Naannoo irratti gaafatu, daangaa eeggamoo ta'anii fi lubbu qabeeyyii hedduu badiif saaxiluu danda'an irratti gaggeeffamu;
- 2) Pirojeektii naannoo yookiin ollaa seena qabeessa ta'etti gaggeeffamu yookiin iddoo qorannoon adda addaa itti gaggeeffamutti hojjatamuuf karoofame;
- 3) Pirojeektii iddoo ummata baay'innaan irratti qubachiisuuf barbaadamee fi faalamni Naannoo guddaa ta'e uumamuun hawaasa naannoo irratti dhiibbaa hamaa ta'e geessisuu ni danda'a jedhame tilmaamamu;
- 4) Pirojeektii qabeenya uumamaa irratti dhiibbaa hamaa fiduu danda'a jedhamee tilmaamamu;
- 5) Pirojeektii naannoo yookiin ollaa madda bishaanii, laggeen yookiin burqaatti yookiin naannoo harootti yookiin naannoo kuufama bishaaniitti gaggeeffamu;
- 6) Pirojeektii qabeenya uumamaa dabalatee Naannoo irratti miidhaa guddaa geessisuu danda'uu fi iddoo sana haala duraan turetti deebisuun hin danda'amu jedhamee tilmaamamu;
- 7) Pirojeektii fayyaa namaa irratti miidhaa hamaa geessisuu ni danda'a jedhamee tilmaamamu;
- 8) Pirojeektii dhiibbaan isaa yeroo dheeraaf turuu danda'a jedhamee tilmaamamuu; yookiin
- 9) Pirojeektii amala Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 8 jalatti tumameen walfakkaatuu qabu kan biroo.

8. Pirojeektii Sakkatta'iinsi Dhiibbaa Naannoo Irratti Gaggeeffamuun Dirqama Hin Taane

- 1) Pirojeektiin tokko sochiin isaa Naannoo fi fayyaa namaa irratti dhiibbaa daran xiqqaadha jedhamee tilmaamamu kan geessisu yoo ta'e, abbaan pirojeektichaa qorannoo sakkatta'iinsa dhiibbaa Naannoo akka gaggeessuu osoo hin dirqisiifamin hojiirra oolchuun ni danda'ama.
- 2) Pirojeektiin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1'tiin hojiirra oolu dhiibbaan isaa haala salphaatiin hafuu yookiin xiqqaachuu yookiin to'atamuu kan danda'amu ta'ee, dhiibbaa gahuu danda'uuf yaada furmaataa yookiin teknooloojii salphaa ta'e eeruun ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame jiraatus; sochii pirojeektichaan walqabatee abbaan pirojeektichaa karoora qabiinsa Naannoo qopheeffachuun dirqama ta'a.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 3 tti kan tumame jiraatus; Abbaan Taayitichaa pirojeektii hojiirra ooluuf karoorfame tokko irratti Abbaan Pirojeektii qorannoo duraa gaggeessee gabaasa akka isaaf dhiyeessu taasisuu ni danda'a.
- 5) Gabaasni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4'tiin dhiyaatu qabxiilee armaan gadii of keessatti kan hammate ta'uu qaba:
 - (a) Karoora yookiin qophii qorannicha gaggeessuuf taasifame;
 - (b) Tooftaa yookiin adeemsa qorannichaaf kaa'amee fi gahumsa ture;
 - (c) Adeemsa gabaabaa qorannoon keessa darbamee fi ragaa sassaabame;
 - (d) Galteewwan pirojeektichi itti fayyadamu, adeemsa oomishaa yookiin tajaajila pirojeektichi keessa darbu, bu'aa argamuu fi dhiibbaa Naannoo irratti geessisuu danda'u gabaabinaan qabaachuu;
 - (e) Haala qabatamaa iddoo pirojeektichaa, akaakuu, baay'inaa fi tamsa'ina yookiin facaatii lubbu qabeeyyii fi qabeenya uumamaa biroo, akkasumas, jireenya hawaas-dinagdee hawaasa naannoo pirojeektichaa gabaabinaan ibsuu;
 - (f) Amala pirojeektichaa ilaalchisee dhiibbaa gahuu danda'u, akaakuu fi haalli itti fayyadama teknooloojii gabaabinaan ibsamuu;
 - (g) Tilmaama dhiibbaalee kallattiin yookiin al-kallattiin gahuu danda'anii, amala dhiibbaa eeyyattii yookiin wawwaattii inni qabuu fi turmaata isaanii;
 - (h) Dhiibbaa gahuu danda'u hambisuuf yookiin hir'isuuf yookiin salphisuuf yaada furmaataa kenname;
 - (i) Rakkoo qabiinsa Naannoo furuuf hojii karoorfamee fi qophii ittisa balaaf taasifamu;
 - (j) Pirojeektichi yammuu hojiirra oolutti adeemsa odiitiin Naannoo keessaa fi hordoffiin ittiin gaggeeffamu qabaachuu;

- (k) Ragaa gahumsa tuuta ogeessota qorannicha gaggeessanii, madaallii gahumsa ogummaa isaanii, akaakuu ogummaa fi muuxannoo dhimmicha irratti qaban; fi
- (l) Seerota akka biyyaa fi naannootti jiranii fi kan amala pirojeektichaan walitti hidhata qaban.

9. Qorannoon Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gadifageenyaan Gaggeeffamuu Kan Qabu Ta'uu

- 1) Qorannoon sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo dhimmoota armaan gaditti tarreeffaman bu'uura godhachuun gadi fageenyaan kan gaggeeffamu ta'a:
 - (a) Iddoo pirojeektichi itti gaggeeffamuu fi bal'ina pirojeektichi qabu;
 - (b) Amala pirojeektichi qabuu fi yeroo turmaata projeektichaa;
 - (c) Gosaa fi baay'ina oomishaa yookiin tajaajilaa pirojeektichi kennu;
 - (d) Sochii pirojeektichaan walqabatee dhiibbaa iddoo pirojeektichaa fi Naannoo irra gahuu danda'u;
 - (e) Baay'ina ummataa miidhaan irra gahuu danda'u;
 - (f) Baay'ina qabeenya uumamaa yookiin sirna xinqeeyyaa dhiibbaan irra gahuu danda'u;
 - (g) Daangaa naannoo ollaa qaxxaamuruu isaatiin dhiibbaa gahuu danda'u;
 - (h) Dhiibbaa kuufamaa wantoota biroo waliin walitti dabalamee gahuu danda'u;
 - (i) Dhiibbaa gahuu danda'u dandamachiisuun gara haala duraan irra turetti deebisuu kan danda'amu yookiin kan hin danda'amne ta'uu isaa;
 - (j) Teeknooloojii hammayyaa fi Naannoo irrattii dhiibbaa hin finne fayyadamuu danda'uu pirojeektichaa;
 - (k) Abbaan pirojeekitii misooma raawwatamu keessatti lafa pirojeektichaaf hayyamame irraa yoo xiqqaate % 2 biqiltoota gosa adda addaa kunuunsa Naannoo keessatti gumaacha guddaa qabaniin uwwisuuf karoorsuu isaa; fi
 - (l) Dhiibbaa gahuu danda'u sirreessuuf leecalloo gaafatuu fi dhimmoota biroo kanneen armaan olii fakkaatan.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a - l) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, pirojeektiin sakatta'iinsi dhiibbaa Naannoo irratti gaggeeffamuu qabu dabalataan qabxiilee armaan gadii hammachuu qaba:
 - (a) Adeemsa qorannoo gadifageenyaan sakatta'iinsi dhiibbaa Naannoo keessa darbee fi qulqullina ragaalee bal'inaan sassaabamee;
 - (b) Adeemsa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo keessatti rakkoolee qunnamanii fi hanqinoonni dandeettii agarsiisuu danda'an gadi fageenyaan ilaalamuu isaanii;

- (c) Haala qabatamaa iddoo pirojeektichaa, tamsaasa yookiin facaatii fi tilmaama baay'ina lubbu qabeeyyii fi qabeenya uumamaa akkasumas jireenya hawaas-diinagdee gadi fageenyaan kan ibsu ta'uu isaa;
- (d) Gosa faaltotaa, qabiyyee fi baay'ina faaltotaa gara Naannootti gadilakkifaman gadi fageenyaan agarsiisuu isaa; fi
- (e) Daangaa naannoo ollaa qaxxaamuruu isaatiin dhiibbaan Naannoo irra gahuu danda'u gadi fageenyaan tilmaamamuu.

Kutaa Sadi

Xiinxala Gabaasa Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo fi Adeemsa Marii Hawaasaa

10. Xiinxala Gabaasa Sakkatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo

Gabaasni Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo gaggeeffamee dhiyaatu kamiyyuu xiinxalamuu fi madaalamee mirkanaa'uu qaba. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Qabiyyee fi Ulaagaa Gabaasni Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Ittiin Xiinxalamu

Gabaasni sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo qabiyyee armaan gadii qabaatee kan xiinxalamu ta'a:

- 1) Cuunfaa sanadaa;
- 2) Seensa;
- 3) Dangaa raawwatiinsaa;
- 4) Bu'uura seeraa pirojeektichi ittiin hoogganamu;
- 5) Ibsa waa'ee pirojeektichaa;
- 6) Miidhaa Naannoo fi hawaasa iddoo pirojeektichaa tilmaamuu, adda baasuu fi xiinxaluu;
- 7) Karaa bu'aan ittiin guddatuu fi miidhaan fala itti argatu;
- 8) Xiinxala filannoo biraa;
- 9) Karoora qabiinsa Naannoo fi hawasaa; fi
- 10) Yaada xumuraa fi kallattii kaa'ame.

12. Adeemsa Marii Hawaasaa

- 1) Hojiilee karooraan qabaman kamiifiyyuu yeroo calalliin gaggeeffamu, yeroo qorannoon daangaa raawwatiinsa hojii fi karoora hojii dhaabuu keessatti mariin hawaasaa gadi fageenyaan adeemsifamuu qaba.
- 2) Mariin akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1'tiin gaggeeffamu hawaasa fedhii qabu hunda, qooda fudhattootaa fi kallattiin qaama dhiibbaan irra gahuu maluu fi qaama to'annoo dabalatee tokkoon tokkoo isaanii irratti yoo xiqqaate guyyoota hojii 20f (digdamaaf) yaada kennuu qabu.

- 3) Adeemsa marii keessatti yaadni ummataa odeeffannoo murtiif gargaaran irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.
- 4) Mariin hawaasaa kallattiin adda bahee iddoo barbaachisutti gaggeeffamuu qaba.
- 5) Qaamni maricha gaggeessu qajeelfama marichi akka gaggeeffamu argisiisu ilaaluun qaama ummataa maricha irratti argamuu qaban haala armaan gadiin adda baasee hirmaachisuu qaba:
 - (a) Beeksisa iddoo namootni hundi arguu danda'an fi toora hojichi itti hojjatamuuf karoorfametti maxxansuun waamicha taasisuu;
 - (b) Yaadannoo barreeffamaa namoota lafichatti fayyaadamaa jiranii, maqaa namoota yookiin abbootii qabiyyee laficha daangessanii, qaama laficha bulchuu fi qaama biroo Abbaa Taayitichaan barbaadaman;
 - (c) Pirojeektichi daangaa kan qaxxaamuru yoo ta'e ummatni daangaa ollaa lamaaniituu akka hirmaatan taasisuu; fi
 - (d) Namoota qaama miidhamtootaa fi sababa biraatiin hirmaachuu hin dandeenye tooftaa irratti hirmaachuu danda'an mijeessuun dirqama ta'a.
- 6) Ragaan hirmaannaan ummataa jiraachuu agarsiisuu fi yaadni ummatichaa gabaasa qorannoo keessatti karaa dhugaa ta'ee fi qulqullinaan hammatamuu, barreeffama hawaasichi yeroo marii gaggeesse irratti waliif mallatteesse, suuraa hirmaattotaa yeroo mariin gaggeeffamu fudhatamee fi xalayaa deeggarsaa caasaa gandaa irraa waltajjiin marii hawaasa waliin gaggeeffamuu isaa mirkaneessu dhiyaachuu qaba.

13. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Irra Deebiin yookiin Keessa Deebiin Gaggeessuu

- 1) Gabaasni qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo dhiyaatee xiinxalamee erga ragga'e booda rakkoon cimaan haaraa dhiibbaa olaanaa qabu yookiin rakkoon duraan hin hubatamin adeemsa keessatti yoo mul'ate Abbaan Taayitichaa waan haaraa uumame hubachuudhaaf akka danda'amutti sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka barbaachisummaa isaatti keessa deebi'amee yookiin haaraatti irra deebi'amee akka adeemsifamu ajajuu ni danda'a.
- 2) Kaayyoo Dambii kanaatiif **“rakkoo cimaa haaraa dhiibbaan ol'aanaa qabu”** jechuun dhiibbaa guddaa yookiin hammaataa ta'ee, sababa summii keemikaalaa yookiin gataa dhangala'aa yookiin gataa goggogaa yookiin aara hamaa yookiin foolii hamaa pirojeekticha keessaa bahuu danda'uun miidhaan ol'aanaa yookiin hamaa ta'e jireenya hawaas-diinagdee ummataa yookiin qabeenya uumamaa irratti fidu jechuudha.

Kutaa Afur
Haala Kenniinsa Tajaajila Gorsaa

14. Hayyama Gorsaa

- 1) Namni kamiyyuu dhuunfaanis ta'e waldaan gurmaa'ee sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo irratti gorsaa ta'ee hojjachuu yoo barbaade hayyamni gorsaa ni kennamaaf.
- 2) Hayyama gorsaa argachuuf ulaagaawwan armaan gadii guutamuu qabu:
 - (a) Lammii Itiyoophiyaa ta'uu;
 - (b) Afaan Oromoo sirriitti dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu danda'uu;
 - (c) Dhaabbiidhaan hojii kan hin qabne ta'uu ragaa agarsiisu dhiyeessuu;
 - (d) Ogummaa hojichaaf barbaachisu qabaachuu;
 - (e) Waajjira, meeshaalee hojii kanaaf barbaachisanii fi kaappitaala kanaaf barbaachisu qabaachuu;
 - (f) Naamusa gaarii qabaachuu ragaa agarsiisu dhiyeessuu; fi
 - (g) Hayyama fudhachuuf kaffaltii murtaa'e kaffaluu.
- 3) Raawwiin ulaagaawwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (d) fi (e) jalatti ibsamanii Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 4) Tajaajilli gorsaa kennamu sadarkaa garaagaraatti kan qoodamu ta'ee, gorsaa jalqabaa, gorsaa giddugaleessaa fi gorsaa ol'aanaa jechuun hayyamni kan kennamu ta'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

15. Dirqama Ogummaa Gorsaan Qabu

Gorsaan dirqama ogummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Maamila isaa wajjin waliigaltee ifa ta'e barreeffamaan raawwachuu;
- 2) Kaffaltii maamila isaa irraa fudhateef nagahee seera qabeessa ta'e kennuu;
- 3) Hirmaachisummaa ummataa kabajuu;
- 4) Sanada qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo maamila tokkoof qoratame hayyama maamilichaatiin ala qaama birootti dabarsuu dhabuu;
- 5) Dhimma eegumsa Naannoo irratti gahumsaa fi dammaqina qabaachuu;
- 6) Faayidaa dhuunfaa argachuuf jecha hojii maamiltoota walitti buusu hojjachuu yookiin keessatti hirmaachuu dhabuu;
- 7) Hojii biroo hojii dhuunfaa isaa wajjiin walitti bu'u hojjachuu dhabuu;
- 8) Faayidaa dhuunfaa irraa ka'uun qorannoo dhugaa irratti hin hundoofne gaggeessuu dhabuu;
- 9) Hojiilee faayidaa ummataa irratti miidhaa geessisan raawwachuu yookiin keessatti hirmaachuu dhabuu;
- 10) Aangoo seeraan kennameefiin ala yookiin ol deemuun hojjachuu dhabuu;

- 11) Hanga ummataa fi Naannoo irratti dhiibbaa hin geessifnetti iccitii maamiltootaa eeguu;
- 12) Kallattiidhaan bakka pirojeektiin hojjatamuuf karoorfametti osoo hin argamiin hojjachuu dhabuu; fi
- 13) Seerota eegumsa Naannoo kabajuu fi kabachiisuu.

16. Hayyama Haaromsuu

- 1) Hayyamni gorsaa waggaa waggaan kan haaromfamu ta'ee, Adoolessaa tokkoo (1) hanga soddomaa (30) tti ta'uu qaba.
- 2) Yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti gorsaan hayyama isaa hin haaromsine guyyaa guyyaan adabbii qarshii dhibba tokko (100.00) kaffaluun hanga Fulbaana 30tti haaromsachuu ni danda'a.
- 3) Gorsaan sababa humnaa ol ta'een yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame keessatti hayyama isaa hin haaromsiifanne akka isaaf ilaalamuuf guyyaa hojii shan (5) keessatti Abbaa Taayitichaatti iyyachuu ni danda'a. Murtiin Abbaa Taayitichaan kennamu kan dhumaa ta'a.
- 4) Gaaffiin haaromsa hayyamaa dhiyaatu nagahee galii gibiraa bara sanaa itti kaffalameen deeggaramee dhiyaachuu qaba.

17. Hayyama Waraqaa Ragaa Bakka Buusuu

- 1) Namni gorsaa ta'e tokko waraqaan ragaa hayyama gorsaa jalaa yoo bade yookiin tajaajilaan ala yoo ta'e, Abbaa Taayitichaatti barreeffamaan iyyannoo dhiyeeffachuun kaffaltii barbaachisaa kaffalee akka bakka buufamuuf gaafachuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa waraqaa ragaa hayyama gorsaa bade ilaalchisee gorsaan qaama mootummaa dhimmi isaa ilaallatu irraa ragaa akka dhiyeeffatu taasisuu ni danda'a.

18. Hayyama Deebisuu

Gorsaan kamiyyuu:

- 1) Hojii biroo irratti bobba'uun yookiin sababa kamiinuu hojii tajaajila gorsaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e, akka haala isaatti hayyama isaa yeroo murtaa'eef yookiin dhaabbiidhaan Abbaa Taayitichaatti deebisuu qaba.
- 2) Sababni hayyama isaa akka deebisu isa dirqisiise akkuma xumurameen yookiin maqfameen yeroo hayyama isaa deebise keessatti balleessaa itti gaafatamummaa hordofsiisu kan hin raawwanne yoo ta'e, guyyaa hayyamicha deebise irraa eegalee yeroo waggaa tokkoo keessatti kaffaltii barbaachisu raawwachuun hayyama isaa deebisee fudhachuu ni danda'a.
- 3) Hayyama isaa haala Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumameen yeroo tokkoo ol deebisee fudhachuu hin danda'u.

19. Hayyama Dhoorkuu Yookiin Haquu

- 1) Gorsaa tumaalee Dambii kanaa yookiin seerota biroo rogummaa qaban darbee argame kamiyyuu akkuma balleessa isaatti hayyamni isaa dhorkamuu yookiin haqamuu ni danda'a.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, gorsaan kamiyyuu gochoota armaan gadii keessaa tokko raawwatee yoo argame akkuma haala isaatti hayyamni isaa kan dhorkamu yookiin haqamu ta'a.
 - (a) Hayyama kan argate qaama hayyama kennuuf faayidaa hin malle kennuun ta'uu isaa yoo mirkanaa'e;
 - (b) Hayyama kan argate gowwoomsuudhaan yookiin ragaa sobaa dhiyeessuun ta'uu kan mirkaneessu ragaan qabatamaa ta'e yoo argame;
 - (c) Dirqama ogummaa gorsaa darbuun yoo mirkanaa'e;
 - (d) Qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo adeemsifame ilaachisee komiin hawaasa naannoo, abbootii qabeenyaa yookiin qaamolee biroo irraa yoo dhiyaatee fi komiin isarratti dhiyaate qorannoo Abbaan Taayitichaa gaggeesseen balleessaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e; yookiin
 - (e) Gabaasa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa Naannoo sobaa irra deddeebi'ee dhiyessee ofegaannoo kennameefiin kan hin sirroofne yoo ta'e.
- 3) Hayyamni gorsaa tokkoo dhorkamee turuu kan danda'u guyyoota hojii 60 (jaatama) qofaaf ta'a.

20. Hayyama Dhorkame yookiin Haqame Gorsaaf Deebisuu

- 1) Gorsaa hayyamni isaa dhorkame yeroon dhorkichaa yammuu xumuramu kaffaltii tajaajilaa barbaachisu kaffalchiisuun hayyamni isaa kan deebi'uuf ta'a.
- 2) Gorsaan hayyamni isaa jalaa haqame balleessaa yookiin hanqina haqamuu hayyamichaaf sababa ta'e sirreessuun seeraa fi naamusa ogummaa isaa kabajuun kan hojjetu ta'uu isaa hubachiisuudhaan hayyamni irra deebiin akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitichaa iyyata akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin dhiyaate qoratee hayyamni gorsaa akka kennamuuf murteessuu ni danda'a.
- 4) Abbaan Taayitichaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin murtii kennuuf gorsaan akkaataa Dambii kana Keewwata 21 jalatti dirqama tumame bahuuf tarkaanfii fudhate tilmaama keessa galchuu qaba.
- 5) Gorsaan hayyamni isaa akka kennamuuf akkaataa Keewwata kana Keewwata xiqqaa 3 tiin murtaa'ef kaffaltii tajaajilaa hayyama haaraa fudhachuuf murtaa'e kaffaluun hayyamicha kan fudhatu ta'a.

21. Dirqama Gorsaa Hayyamni Isaa Dhorkamee Yookiin Haqamee

Gorsaan hayyamni isaa dhorkame yookiin haqame guyyaa hayyamni isaa dhorkame yookiin haqame irraa eegalee guyyoota hojii kudhan (10) keessatti kanuma maamila isaa barreeffamaan beeksisuun dhimmaa fi ragaa harka isaa jiru maamilichaaf yookiin gorsaa biraa maamilichi filateef dabarsee kennuu qaba.

22. Kaffaltii Tajaajilaa

Namni kamiyyuu hayyama gorsaa haaraa baafachuuf yookiin haaromsuuf yookiin kan bade yookiin kan manca'e bakka buusuuf yookiin hayyama dhorkame deebisuuf kaffaltii tajaajilaa kan raawwatu ta'a.

23. Kaffaltii Hayyama Gorsaa Haaraa Fudhachuuf Kaffalamu

Namni kamiyyuu:

- 1) Hayyama gorsaa sadarkaa ol'aanaa fudhachuuf qarshii 1,500.00 (kuma tokkoo fi dhiiba shan);
- 2) Hayyama gorsaa sadarkaa giddugaleessaa fudhachuuf qarshii 1,000.00 (kuma tokko);
- 3) Hayyama gorsaa sadarkaa jalqabaa fudhachuuf qarshii 500.00 (dhibba shan) kaffaluu qaba.

24. Kaffaltii Hayyama Gorsaa Haaromsuuf Kaffalamu

Namni kamiyyuu:

- 1) Hayyama gorsaa sadarkaa ol'aanaa haaromsiiachuuf qarshii 600.00 (dhibba jaha);
- 2) Hayyama gorsaa sadarkaa giddugaleessaa haaromsiiachuuf qarshii 400.00 (dhibba afur);
- 3) Hayyama gorsaa sadarkaa jalqabaa haaromsiiachuuf qarshii 200.00 (dhibba lama) kaffaluu qaba.

25. Kaffaltii Hayyama Waraqaa Ragaa Bakka Buusuuf Kaffalamu

Namni kamiyyuu waraqaa ragaa hayyama gorsaa bakka buusuuf qarshii 2,000.00 (kuma lama) kan kaffalu ta'a.

26. Kaffaltii Hayyama Deebi'e yookiin Dhorkamee Ture Fudhachuuf Kaffalamu

Namni kamiyyuu hayyama akkaataa Dambii kana Keewwata 18 tiin deebise yookiin Keewwata 19 tiin dhorkamee ture qarshii 500.00 (dhibba shan) kaffalee fudhachuu ni danda'a.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

27. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu Dambii kana raawwachiisuuf deeggarsa barbaachisu kennuuf dirqama qaba.

28. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Dambii kana raawwachiisuuf Abbaan Taayitichaa Qajeelfama baasuu ni danda’a.

29. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan wal faalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

30. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun **Muddee** guyyaa 27, bara 2013 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta’a.

Finfinnee, **Muddee** Guyyaa 27, Bara 2013

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa